
# Hiika islaamaa fi Laa Ilaaha Ill-Allah haala kitaabaatiin

## Description

Dhimmi hundarra barbaachisan amanti ofii sirnaan beekuu fi odeefannoo gahaa qabaachudha. Namni amanti ofii sirnaan yoo hin beekin, dukkana jireenyaa keessatti kufuun dhama'a. Dhugumatti, hiika Islaamaa fi Laa ilaah illallah beekun dirqama nama hundaati. Sababni isaas, namni addunyaa tana keessatti gammachuun kan jiraatuu fi Aakhiratti adabbii jalaa nagaha kan ittiin bahuu hiika Islaamaa fi Laa ilaah illallah beekee hojii irra yoo oolche qofaadha.

Namoonni baay'een hiikni Islaamaa maali? Laa ilaaha illallah jechuun maal jechuudha? Jedhamanii yommuu gaafataman, deebii deebisuuf ni rakkatu. Kuni takkaa beekumsi kana isaaniif ibsuu isaan bira hin geenye ta'a takkaa immoo beekumsa kana barbaadu irraa ni garagalan. Rakkoo kanaaf furmaata fiduuf kitaabni kuni haala salphaan kan qophaa'edha. Kitaaba kana keessatti hiika Islaamaa, Tawhiida, gosoota isaa, hiika Laa ilaah illallah fi ulaagaalee jecha tanaa ni argattu. Kuni hundi Qur'aana fi hadiisa sahiih irratti kan hundaa'edha.

Kitaaba kana "Mana kitaaba Al-Tawba" Masjiida Anawaar biratti argamuu keessatti ni argattu. Gara masjiida Anawaar seenuuf yommuu taatan gara mirgaatti yommuu mil'attan mana kitaaba At-Tawba ("??-??? ???? ????**-Al-Tewba Bookstore**" jedhu ni argitu. Namni gara Finfinnee dhufu hin dandeenye warra kitaaba gurguranitti kitaaba kana agarsiisuun akka isaaf fidan gochuu danda'a.




**Date Created**
July 2021
**Author**
admin